



## **“Ibiddatti gaazii naquu”**

**Tarkaanfii humnootni mootummaa tikaan Ayyaana Irreechaa  
2016 irratti fudhatan**



## Cuunfaa

Ayyaana Irreechaa bara Onkoloolessa 2, 2016 irratti namoonni hedduun, tarii dhibbootan kan lakkayaman wareegamaniiru. Gaga'umsa kanaaf sababa kan ta'e gaazii nama imimmaanessuufi dhukaasa humnootni tikaan uummata nagaan mormii dhageessisurratti banuu isaaniitiin walirra deddeemuu tuuta uummataa uomameeni. Namoonni gariin boolla banaa keessatti kufuun boolla keessatti dhuman. Gariin ammo otoo humnoota tikaan jalaa dheessani haroo dhiyoo jiru keessatti liqimfaman. Namoonni ijaan argan Hiwumaan rayits wochiif akka raga bayanitti namoonni gariin ammo rasaasa humnootni tikaan dhukaasaniin dhayamanii du'an. Humnooni tikaan hidhatan daandii bayinsaa erga tuuta uummataatti cufanii boodaa namoonni baqatan filannoo biraan waan hinqabneef walirra deddeemuu uomameen gaaga'aman.

Ayyaanni Irreecha Uummata Oromoo Itoophiyaa miliyoona 35 ta'uuf bacaqi gannaan bayanii birraa booqaa arguu isaaniifi asmaraa haamaa simachuuf ayyanna itti walgayanii waan ta'eef ayyaana addaati. Guyya Ayyaana Irreecha tuuta ummata guddicha - Oromoota miliyonotaan lakkayamantu magaala Bishooftu, gara kibba baha Finfinneetiin 40 km argumtutti walgayee waggaan waggaan kabaja. Uummanni tuutni guddaan wagaa wagaan walgayaa turus hamma bara 2016ti balaan guddaafi rakkinni nageenya tokkoyuu mudatee hin beeku ture.

Mootummaan lakkofsa namootnii du'anii lakoofsan 55 ta'uu dhumarratti dubbatus, dhaabbileen mormituu namoonni gara 700 kan ta'an du'uu tilmaamu. Lakkofsi gara lachuu himamu garuu hin mirkanoofne ykn sirnaan hin ibsamne. Qoranno dhaabbata mirga namooma Itoophiya kan mootumma Itoophiyaa waliin hidhata qabuun godhame iftoomina fi amanamummaa hin qabu. Gaaga'umsa mudateef itti gaafatamummaa kan fudhate jiraachuus ragaan hin jiru.

Waggaan tookko guutuun darbus, mootummaan Itoophiyaa tarkaanfii humnootni tikaan fudhatan bifa hiika qabuun qorachuu hin dandeenye. Qaamni amanamaafi of-danda'aan lakkofsa namoota du'anii lafa kaayes hin jiru. Gabaasni kun xiinxala ragaalee viidiyoo fi suuraa hedduu, akkasumas namoota 50 ayanicharra turaniifi ragoota biroo waliin af-gaaffii godhame irratti hundaayuudhaan dhiittaa Onkoloolessa 2, 2016 Bishooftuutti ta'e galmeesse dhiyesseera. Gabaasni kun qoranno guutuu miti, garuu arganno qoranno

kanaa badii bara 2016 qaqqabeerratti qorannoон amanamaа fi bilisa ta'ee haalaan kan barbaachisu ta'uu qofa osoo hin ta'iin, Ayyaana Irreecha bara kanaa Onkoloolessa 1, 2017f karoorfame irrati humnootni tikaа tarkaanfi humnaа fudhachuurra akka of-qusataniifii haala ogummaа irratti hundaayee qofaan akka socho'an mootummaа ganuma mirkaneessu akka qabu akeekuufi.

Ayyaanni irreechaa bara 2016 kan kabajamee mormii imaammatoota mootummaarratti waggaа guutuu ta'aa ture irratti qamolee tikaatiin namoonni kuma tookkoo (1000) caalan guutuu Itoophiyaa keessatti erga ajjefamanii fi namoonni kuma kurnaniin lakkayaman yeroо hidhamanitti ture.

Komeen yeroо dheeraa yeroо ukkaamsa gara jabeenyaа waggaа guutuutiin garmalee bokokeetti, mootummaа lreecha bara 2016 irratti gayee dur taphatu ol taphachuuf humnoota tikaа heddu bobbasuufi namoota waltajjiiratti duubbatan towachuuf yaalii guddaa godhuun tuuta uummata gar malee dallansiise. Kanarraa kan ka'e namootni muraasni waltajjiiratti bayun dhaadannoo mormii mootummaа dheegeessisani. Gara calqabaarra humnootni tikaа gaazii nama imimmaanessuti fayyadamuun tuuta kana towachuuf yaalaa turani. Boodarra garuu tuuta uummataа irratti rasaasa dhukaasuu isaani namoonni ijaan argan ragaa bahaniiru.

Vidiyoon heddu bakka taatee kanatti waraabaman keessatti yeroо uummanni baqatutti sagaleen dhukaasaa ifatti dhagayamaа ture. Ragaaleen ijaa akka jedhanitti namootni rasaasaan madaayani du'anis turaniiru.

Suuraaleen humnootni tikaа meeshaale gurgguddoo hidhachuu agarsiisan, dhukaasni kallattiin banamuufi madaaleen rasaasaa heddu dhiyaatanis ministeerri dubbii Itoophiyaa yeroо sanaa fi aangawoni mootumma olaanoon humnootni tikaа akka hin hidhanne fi rasaasni Ayyaana Irreechaa irratti hin dhukaane jechuun haalaniiru.

Akkaataa dambii addunyaa kan akka sirna bu'uuraa fayyadama humnaafi meeshalee waraanaа qamoota nageenya kabachiisanii Mootummoottaa Gamtoomaniitti poolisonni humna fayyadamuun duratti karaale nagaa biro mara yaaluu akka qabaniifii haga balaan guddaan isaan irratti hin aggaamamnetti meeshalee waraanaа akka hin fayyadamne dhorka. Tuutnii uummata Ayyaana Irreechaa irra turan dhaadannoo mormii mootummaа

dheegeessisuu fi aarii mootummaa irratti qaban dhageessisuun darbuun haleellaan hamaan isaan humnoota tikaarraan gayan hin turre.

Sa'aatiwaaniifi guyyaa muraasa Ayyana Irreecha bara 2016 boodas naannoo Bishooftuutti mormiin uummata gaggeeffamaa ture. Ragaaleen ijaa Hiyumaan rayits wochitti akka himanitti yeroo mormilee kanaattis humnootni tika dhukaasa mormitoota irratti bananii turan. Guyyoottan itti aananiis nammooni heeddun Ayyana Irreechaa irratti hirmaatan mana mana isaaniti gara mana hidhaatti guuramaa turani.

Torbanoota itti aanan keessattis dargaaggooni mufatan gamolee mootummaa fi dhaabbilee dhunfaa irratti halellaa gessisanii turan. Mootummaanis kana sababeeffachuun labsii muddamaa ukkaamsaa labsee ture. Labsichi gaaga'umsa heddu erga geessisee booda Hagayya, 2017 kaafameera. Yeroo labsii muddama turetti humnootni tika namoota 21,000 sirna malee jumlaan hidhuun kaampii haaromsaati guuraniiru. Aartistoota, hoggantoota mormituufi gaazexeessitoota irratti himanii siyaasaa irratti dhiyaateera. Interneetinis garmalee ugurameera. Hawaasnii naannoo heddu humnoota waraanaa baayyee argaa turuu dubbatu.

Mootummaan haaromsa gadi fagoo gaggeessuun komee mormitootaa deebisuuf waadaa galus haga yoonatti dhimmota ijoo mormitooni kaasan - dhiphachuu dirree siyaasaa, dhiittaa humnootni tika wagga guutuu geessisanifi kanneen biroo deebisuuf tattaaffin godhame gadi aanaadha. Kuni ta'uun kabaja Irreechaa bara kanaa fuulduras inumayyuu wal-dhibdee mootummaa fi uummata gidduu jiru garmalee olkaasa.

Mootummaan gaaga'umsa bara 2016 luubbuu namaarra gayetti gaabtu ibsus, okkoraafi du'a gayeef akkuma barame 'humnoota farra nageenya' komachuun humnoota tika badii kana geessisan qulqulleesseera. Oromooni hedduun Hiwuman Raayits Woch dubbise tarkaanffiin gara jabeenyaa humnootni tika fudhatan dhumaatti itti yaadameefi karoorfamee gaggeeffame ta'uu amanu. Seenessi akkanaa ammoo bara kanas wal-dhibdeen kun daran akka hammaatu gochuun yaadannoo jeequmsa biro ta'uu danda'a.

Dhiittaa mirga namaa biyyattii keessatti ta'an hunda irratti - kan Irreechaa dabalatee qorannoonaadunyaawa bilisa ta'e akka godhamuuf waamicha godhamu mara mootummaan Itoophiyaa cimsee mormaa jira. Haata'u malee, amanummaa dhabuun

qorannoo mootummaan gaggeessaa turee hundaa fi garmalee baay'achuun yakkoota mormiilee bara darbee fi Ayyaanaa Irreechaa Onkoloolessa 2, 2016 irratti dalagamanii ammas barbaachisummaa qorannoo adunyaawaa bilisa ta'ee cimsanii muldhisu. Michooni Itoophiyaa marti qorannoo bilisaa kanaa Itoophiyaan akka heeyyamtu waamicha gochuu qabu.

Yero kanatti waanti haalan barbaachisu, Irreechi bara 2017 karaa nagaan akka xumuramuuf humnootni tikaas sirriitti akka of-towataniifi karaa ogummaa qabeessa ta'een qofa akka socho'an mootummaan saffisaan mirkaneessu qaba. Carraa hokkoora gadi xiqqeessuuf tarkaanfiin bu'aa qaban fudhatamuu qabu. Mootummaan ayyaana kana nagaan milkeessuuf humnoota tikaas muraasa ykn humnoota tikaas naannoo qofa fayyadamuu filannoo keessa galchuu qaba. Humnootni tikaas uummanni mormii imaammata mootummaarratti dhageesisuu akka danda'u eeguufi obsuu danda'uu qabu. Mormii ka'uu malu ukkamsuufis tarkaanfi humnaa fudhachuu ykn tuuta uummataa doorsisuurra of-qu sachuu qabu.

## Fuulduree

### Mootummaa Itoophiyaatiif

*Ayyaana Irreecha bara 2016 Ilaalchisee*

- Tarkaanffii humnaa ayyaana kanarratti fudhatame irratti qorannoona amanamaa, ifaafi bilisa ta'e akka godhamu deeggarun qaamota humna garmalee fayyadamanifi towannoo tuutaa ajjeechaaf sababa ta'an fudhatan seera duratti dhiyeessuun adabuu.
- Angawoonni mootummaa iyyafannoo namoota eessa buuteen isaanii dhabamee kan maatiin gaafataniif debii saffisaan kenu akka qabaniifi odeefannoo namoota dhabanii hundaa maatiif akka kennan akkasumas barbaacha namoota dhabaniif tarkaanfi fudhatame maatiif ibsuu qabu.
- Namoota Ayyaana Irreechaa bara 2016 irratti hirmaatanifi mirga isaanii bu'uuraa kan akka mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, gurmaayuufi hiriira bayuu fayyadamuun yakkamanii sirna malee mana hidhaatti guuraman hunda saffisaan hiikuun himata isaanirratti banames dhaabuu qabu.

*Ayyaana Irreechaa bara 2017 ilaalchisee*

- Qaamoleen nageenya kabachiisanifi humnootni nageenya marti humna bobbaasaniif ajaja ifa ta'e dabarsuu. Tarkaanffii humnaa kan akka gaazii imimmaanessuufi rasaasa qilleensarratis ta'u dhukaasurraa akka of qustan. Humna garmalee fayyadamuun kan isaan adabsisu ta'u akekkachiisuudhaan Irreechi bara 2017 dhiibbaa mootummaa tokko malee sirnaan akka gaggeeffamu hayyamuu.
- Qophiin eegumsa nageenya Irreechaaf godhamu walitti bu'insaafi hokkoraan karaa garmalee xiqqeessun ta'uu mootummaan gamanumaa mirkaneessuu qaba.

### Michoota Adunyaawaa Mootummaa Itoophiyaatiif

- Eega Sadaasa bara 2015ti dhiittaa mirga raawwatamaa ture hunda kan Irreecha bara 2016 dabalatee akkasumas labsii yeroo muddamaa fayyadamuun dhiitta mirga gaggeeffame irratti qoranno biyyooleessa amanamaa gochuuf tarkaanffiin

muldhatu yeroo hin fudhatamnee kanatti qaamonni isaan ilaallatu marti qorannoonaadunyaawa bilisa ta'e akka gaggeeffamuuf mootummaa Itoophiyaa irratti dhiibbaa gochuu qabu.

- Namoota sirna malee yeroo mormii ykn yeroo Irreechaa ykn yeroo labsii muddamaa qabaman hundi warra labsi farra shororkeessaan himatame dabalatee akka gadi dhiifaman ifatti waamicha gochuufi dhuunfaatti ammoo dhiibbaa gochuu qabu.
- Dhaddacha himatamtooni itti dhiyaata jiran irratti towannoo cimsuufi fooyyessuun dhaddachi marti dhaddacha haqaa sadarkaa addunyaa guute ta'uu mirkaneessu qabu.
- Ifattis ta'ee dhuunfaatti tarkaanffiin irreecha bara 2016 irratti fudhatamee kan isaan yaaddeese ta'uu fi irreecha bara 2017 irrattis humni madaalaawan qofti akka fudhatamuufi argamni qamolee tikaa inumayyu nageenya uummataa akka hin booressine of-eegganno gochuu akka qaban angawoota mootummaa Itoophiyaatti himuu qabu.
- Irreecha bara 2017 hordofuufi guyyaa Irreecha dursuniis qophiin gayaan akka godhame achitti argamanii mirkaneessuu qabu.
- Mootummaan Itoophiyaa Mekaanizimii Mirga namoomaa Afrikaafi Mootummoota Gamtoomanii, Raapoortara addaa mirga bilisaan walgayuufi ijaaramuu dabalateefi Garee Hojii Towannoo Aad-malee Itoophiyaa akka daawwataniif heeyyamu gaafachuu qabu.

### **Qaamota Irreecha Bulchan maraaf: Gumii Abbooti Gadaafi qaamolee mootummaa nagaa eegsisan maraaf**

- Kallattiin gara iddo Irreechaa geessuufi baasu hedduun banaa ta'uu dursanii mirkaneessuu. Humnootni tikaa karaale kana akka hin cufnes mirkaneessu qabu.
- Boollu namni itti kufuu malu marti, yeroon duuduu ykn dallaan irratti ijaaramuu yoo kun hin danda'amnemmmo karaa balaa xiqqeessun towatamuu mirkanesssuu qabu.